MOOTUMMAA WAASHINGITAN

DAMEE TAJAAJILOOTA FAYYAA FI HAWAASUMMAA

BULCHIINSA QAAMA MIIDHAMUMMAA GUDDINAA

TAJAAJILOOTA MANAA FI HAWAASA IRRATTI HUNDAA'AN (HCBS)

Yaadachiisa Ragga'uu HCBS Bilisa ta'ee

Guyyaa

Maqaa fi Teessoo Maammilaa **Maqaa fi Teessoo Bakka Bu'aa Maammilaa**

Kabajamoo :

irratti, Bulchiinsi Qaama Miidhamummaan Guddinaa (DDA) bilisa ta'eef galmaa'uuf gaaffiikee raggaasiseera.

Maal eeguun danda'a?

Bulchaan dhimmaa kan bilisa ta'e sanaaf galmaa'uuf tarkaanfiilee itti aanan siif ibsuuf sii bilbila.

Maal beekuun qaba?

Adeemsa kan bilisa ta'e sana argachuu xumuruuf Eegumsa Inshuraansii Fayyaa Namoota Deggersa Maallaqaa Barbaadaniif Godhamu kan Yeroo Dheeraatiif ulaagaa guutuu qabda. Bulchaan dhimma keetii akka iyyattuuf si gargaara. Adeemsa ulaagaa guutummaa kana xumuruuf namni wayii kutaa DDA eegumsa yeroo dheeraa irraa si quunnamuu danda'a.

Bilisa kan ta'e kana fudhachuun filannoo keeti, kanaafuu bulchaankee unka hirmaannaa fedhiidhaanii akka mallatteessitu si gaafata. Unka kana mallatteessuun hawaasa keessatti tajaajila bilisaa argachuuf filachuukee DDA hubachiisa.

Yooman tajaajiloota argadha?

Madaalliin DDA kee deggersa fedhiiwwan kee hundumaa nii galmeessa akkasumas karoorri tajaajila dhuunfaakee irratti hundaa'e tajaajiloota kee galmeessa. Bulchaan dhimma keetii utuu kan bilisa ta'e hin eegalin karoora tajaajila dhuunfaakee irratti hundaa'e akka mallatteesitu si gaafata.

Erga kan bilisa ta'e sana irratti galmooftee booddee, bulchaan dhimma keetii tajaajiloota ati barbaaddu akka argattu si gargaara. Barruun haguugame sun tajaajiloota siif argatamuu danda'an tarreessa.

Eenyuunan quunnama?

Odeeffannoo dabalataaf bulchaa dhimmaa siif ramadame, , irratti yookaan quunnamuu dandeessa.

Cufiinsa: